QORANNOO SIRNA ARAARA GONDOOROO KAN OROMOO GUJI
GODINA GUJII LIXAATTI KAN QOPHEEFFAME

BARREESSAAN

Roba Abera Genale

ID NO: 0346

Adoolessa 2012(2020)

BULEE HORAA, ITOOPHIYAA

An barataa Roobaa Aberraa jedhama. Jiraataa godina Gujii laxaa yoo te'y, Unversiitii wolayittaa sooddootti Barataa 'veterinary medicine' waggaa sadaffaati. Sababa covid-19 adduunyaa muudateef galee maatii bira jiraataa jira. Hojii tola ooltummaa irratti bobba'uun hawaasaaf hubannoo covid-19 kennaa jirra hiriyyoota keenna waliin. Kana cinaattis maatii koo gargaaraa 'handout' nuuf kenname dubbisaa yeroo kana dabarsaa jirra.

BAAFATA

QABIYYEE *FUULA*
*Galata*I

*Seensa*II

*Haala waliigala naannoo*III

Boqonnaa tokko: Sirna raawwii araara gondooroo Oromoo Gujii4

1.1 gondooroon maaliidha?4

1.1.1 adeemsa sirna araara gondooroo danuu kan hawaasa Oromoo Guji6

1.1.2 *Haala araara gondooroo danuu keessatti nama nama Ajjeese akkamittiin qoranii akka yakka hojjetame addabaasu* 6

1.2 Adeemsa himannaa araara gondooroo danuu7

1.3 Haala adeemsa abbootiin gadaa araara buusniin8

1.4 halli waliigala yeroo ammaa jiru maal fakkaata9

1.5 sirni kun dargaggoota biratti fudhatama qaba moo in qabu?10

1.6 Sababa amantaatiin qal'achuu araara gondooroo kanaatiif furmaati maal? 11

1.7 Sirni araaraa kun sadarkaa biyyaatti maal godhamuu qaba?11

1.8 Sirna araaraa kanarraa maal baranna?11

1.9 Waa'ee sirna araaraa kana maaltu sitti dhaga'aama?12

I

Galata

Hunda duraan dursee nagaaf fayyaa kan naaf kenne galatni Waaqaaf haa te'u.Itti aansuun maatii TIKVAH kan Waamicha nuuf gootanii qophii kanarratti nu hirmaachiftan sammuuu keenna nuuf dammaqsitaniin guddaa galatoomaa jechuu barbaada. Akkasumas komishiinnii araara itoophiyaatiin (for the Ethiopia reconcillation office) galatoomaa jechuu barbaada. Itti aansuun manguuddoo teennaan umurii dheeradhaa jechuu barbaada. Dabalataanis hiriyoota kiyya kan yeroo fi humna qabanu hundan na cinaa dhaabbatan galatoomaa jechuu barbaada.

II

Seensa

Dhalli namaa addunyaa kanarra waggoota hedduuf Jiraataa tureera jiraatas jira.

Akkuma beekamu ilmi namaa jiruuf jireenya isaa keessatti bu'aa bahii hedduu dabarsee asiin baheera.Akkuma fayyaan jirtu dhukkubnis nii jira, akkuma nageenni jiru walitti bu'iinsi nii jira .Kun qaama jiruuf jireenya ilma namaati. Kunis nama dhuunfaa haga/hanga sabaatti, biyyaa hanga biyyaatti waldhabiin uummamuu nii danda'aama. Waldhabbiin yoomii fi eessatti akka jalqabe wanti beekamu jiraachuu baatullee, erga dhalli namaa waliin jiraachuu eegalee kaasee kan turee fi har'as kan jirudha.Yaadakana Jeong(2008) akka ibsetti "Conflict dates from the
Beginning of human history and will probably never end.Our survival on this planet[…]how we manage the various features of conflict and that is fuelled not only by seemingly incompatible interests and values but also by hostilities".
Kanaafuu, walitti bu'iinsi seenaa dhala namaa keessatti durirraa eegalee kanture ammas hanga namoonni fedhii addaa addaa qaban yoomiyyu jiran waan hin dhabamneef, karaa ittiin walitti bu'iinsaaf falli barbaadamu ni jiraata.
Kanaafuu,waldhabbiin namoota gidduutti kanaan duras uumamaa kan ture,ammas kan hin dhabbanne,boris kan jiraatudha. Jaarsoliin gumaa lubbuu namaa yeroo araarsan jalqabaa hanga dhuma adeemsa araaraa taasifamuutti karaa duudhaa, eenyummaa fi aadaa isaanii agarsiisuu danda'uun sirna kanatti fayyadamanii akka araarri bu'u taasisu.
Barreeffami kunis Godina Gujii lixaa keessatti gahee
Sirni araara gondooroo gumaa lubbuu namaa araarsuu keessatti qabu maal akka ta'ee fi adeemsa akkamii akka ta'e xiinxaluuf kan barreeffameedha.

III

Haala Waliigalaa Naannoo

Sirni araara gondooroo sirnaa adaa Oromoo Godinalee Oromiyaa hedduu keessatti beekkamuudha. Garuu amma irra caalatti barreeffami kun kan irratti bu'uureffate sirna araara gondooroo kan Godina Gujii lamaan keessatti argamuu irratti kan xiyyeeffateedha. Godinni Gujii lixaa fi bahaa sirna aadaa isaanii ardaa jilaa tokkotti gaggeessan waan te'eef godina lamaan keessatti garaagarummaa tokko malee geggeeffama. Godinaalee Gujii dangessan Bahaan-Godina Baale, Lixaan laga Abbaayaa fi mootummaa naannoo uummattoota kibbaa,Kaabaan-Mootummaa Naannoo Uummattoota kibbaa fi mootummaa naannoo Sidaamaa,kaaba bahaan GodinaArsiilixaa,kibba bahaan mootummaa naannoo Sumaalee fi kibbaan Godina Booranaati. Godinni Gujii mootummaa naannoo Oromiyaa jalatti argama waan te'eef Afaan uummatichaa Afaan Oromoo yoo te'uu lafa bal'aa kibba Itoophiyaa Gujii Keessatti sirriitti dubbatama.Araara gondooroo kanas afaanuma isaatiin gaggeefataa, qabaate bu'aa bahii hedduu keessa qaxxaamuree Adhaan/har'aan baheera

BOQONNAA TOKKO

Sirna raawwii Araaraa Gondooroo Oromoo Gujii

1.1 Gondooroon maal?

Gondooroo jechuun adeemsa jireenya keessatti waan hamtuu uummamte ofiraa abaaranu ykn ofirraa dabarsanuun jechuu yoo te'uu akkaatuma
Uummamu gochaa saniitiin sirna ofiraa falatani jechuudha
Karaa biro immoo nu hanqadhu/abaaruudha/jechuudha.
Gujiin wantoot hedduu gondoorrata fkn. Yoo namni akka tasaa wal ajjeese/danuu/,yoo dhukkubni hamaan qorsa hin qabne dhufe,yoo bishaan nama fudhate,yoo mukarraa kufanii du'an, yoo daa'imni (ilmoon) nama jalaa yeroo lamaa ol bushoofte (yoo ijoolleen duute Gujiin duute hin jedhu,bushoofte jedha)fi kkf yoo ummaamte Gujiini nii gondoorata.
Adeemsa waliin ireenyaa keessatti sirnoonni yakkaa salphaa irraa hanga cimaatti adeemsa qaama garaagaraa keessatti taasifaman hedduudha.
Gujiin gaafa gondoorratu hoolaa qofa qalee gondoorrata sababni isaas hoolaan mallattoo nagaati jedhee waan amanuuf. Kanaafuu,qalanii waan gondoorratan tokko waan hamtuun akka deebi'ee namatti hin dhufneef ,farra waan ta'e tokko/cubbuu/,faro hamtuu fi kkf hunda hoolaa qalee yeroo gondoorratu waaqi nagaa dafee nuuf dhaga'a jedhu. Haaluma kanarraa hubatamutti gondooroon sirna raawwii araara fiduu keessatti ga'ee guddaa qaba.
Kana jechuun ,ollaan olla isaa wajjin yoo waldhaban akkumaa aadaa hawaasichaatti dubbiin jaraa lamaanii ilaalameefii furama. Adeemsi sirna kana raawwatu immoo jaarsummaa jedhama. Kunis,dhimmoota adda addaa bu'uura godhachuun dhalli namaa jiruu fi jireenya hawaasummaa keessatti waldhabii furuuf kan gargaaaruudha. Akka yaada argaa-dhageettii hawaasa Oromoo Gujiitti "arrabaa fi ilkaaniyyuu waldhabu" jedhanii amanu(Even theres conflict between teeth and tongue"))jedhanii Mammaaku.
Akka yaada kanaatti arrabaa fi ilkaan qaama baay'ee walti dhiyaatanii fi hojii tokko walfaanaa hojjetanidha. Akkasumas,kan walmalee hin sochoone ta'aniyyuu waldhabu jechuudha. Akka yaada argaa dhageettii hawaasa Oromoo Gujiitti qaamni waldhabe kun akkuma waldhabetti hafa jechuu osoo hin taane araaraamees hojii isaa idileetti ni deebi'a yaada jedhu qaba. Fakkeenyaaf, wal ajjeechaa odoo itti hin yaadiin uumamu Gujiin danuu jedhan. Waldhabdee uumame kana keessatti namni miidhaan irra gahes yakkamaa karaa adabbii seeraatiin himatee kan hiisisuu osoo hin taane himannaa aadaa hawaasicha keessa jiruun dubbii jara lamaanii gadi fageenyaan akka qoramu godhama.Fakkeenyaaf,mee haalli araara sirna gondooroo danuu nama nama akka tasaa ajjeese/dane akkamittiin akka qoran ilaalla.

1.1.1 Haala araara gondooroo danuu keessatti nama nama Ajjeese akkamittiin qoranii akka yakka hojjetame addabaasu?

Dhimma danuu/ajjeechaa tasaa kana haaluma namni nama ajjeese sun raawwiin isaa beekaa waan hin taaneef ykn Beeka hin ajjeesne waan te'eef Oromoo akkuma aadaa

isaatti fala kennaafi.,namni gochaa kana huje dursee gara baddaatti/Bosonaatti erga Dheetee/baqateen booda gara mana abbaa gadaatti/hayyuu biyyaatti deemee harka kennata.
Yeroo harka kennatu sana akkas jedha "ani bade! Ani bade! na baasaa" jedhee himata. Ani bade! ani bade! na baasaa jechuun akka aadaa hawaasichaatti yakka hojjedheera, gaabbeera jechuudha. Ergasii abbaan gadaa ka'umsa badii kanaa nama gara mana isaatti baqate kana irraa hubatee itt deema.
Dursee, qara(duraan) lola qabdanii? Yoo walbeektan teetan maaltu wal isiin dhabsiise? jechuun qoratee qulqulleeffata.Namichikunwaawwoo/Lakkii,waan tokkolle hin qabnu nyaataaf untoorratti, quufa,machii keessa afaan jala walbaane. Kanaafuu,ani badeeraa Jedhee akka gaabbe dursee abbaa gadaatti himatee jennaan abbaan gadaas haaluma aadaa biyyaatiin gidduu seena. Ergasii abbaan Gadaa haaluma waldhabbii ilaalee hubatee maal goona jedhee qara ofiin marii'atee hayyoota ollaan gahee gara abbootii gadaa gosaatti deema.
Walumaagalattii, adeemsa raawwii sirna araaraa gondooroo ilaalchisee sirna araaraa gondooroo namoota keessaa jalqaba namni gidduu seenu hayyuu biyyaatii, Abbaa gadaa,jaarsolii gosaatii fi dubartoota ciccimoofaadha.

1.1.2 Adeemsa sirna Raawwii Araaraa Gondooroo Danuu Kan Hawaasa Oromoo Gujii

Sirni araaraa adda addaa keessaa sirni araaraa gondooroo dhimma lubbuu namaa waan ta'eefi isa hangafadha.
Haalli kun yeroo namoonni lama yoo wal-lolan salphina lolaa fi ciminna lolaa ilaaluun kan raawwatamudha.Lolli yoo hammaataa dhufe immoo gara waan dhibiitti/Biraatti ykn sadarkaa cimaatti waan deemuuf fkn. lubbuu baasuufaa danda'a waan ta'eef yeroon gara sirna araaraatti qajeelfaman. Danuun yoo uumame hawaasni Oromoo Gujii akkumaaadaaisaattiadeemsadanuu/ajjeechaa tasaa ittiin falatu aadaa boonsaa qaba Innis akkuma bakka adda addaatti haala adda addaatiin raawwatamu nagaa isaa fi naannoo isaa keessatti fiduuf dubbii kamiyyuu jaarsummaan gaaddisa jalatti(muka jela) ilaalu. Jaarsummaa fi bakka guddaa qaba. Jaarsummaa jaarsa raage, hayyuu, abbaa gadaa,beekaa biyyaafi dubartoota ciccimootus ta'a.Qaama jaarsummaa ta'anii dhimma biyyaa ilaalan kanaaf karaa isaanirra darban seeraan eeguu, yoo beel'anii fi dheebotan waan nyaatamuu fi dhugamu qopheessuun waliigalteedhuma hawaasichaa keessa jiruudha, bakka itti dhiye seeraan bulchuu, yoo barbaade akka qalamuuf ajajuu ni danda'u, hojiiisaanii kan bakka jireenya isaanii gamtaan hojjechuu,maatiiisaanii kuunsuu qabu.

1.2 Adeemsa Himannaa Araara Gondooroo Danuu

Haalli raawwii kanaa adeemsa gondoorrachuutiin harka Miciirrannaa jedhama. Akka aadaa hawaasa Oromoo Gujii fi kan biro birattilleen beekamu,beekaas ta'e,odoo/osoo *itti hin yaadiin/tasa/wal-ajjeesuun dhooggaadha. Namni akka nama ykn kan dhiigaa ilma namaa tokko ta'e mara hin ajjeesu kun immoo hantuudha jedha Gujiin.*
Abbaan nama ajjeese/dane dursee gochaa raawwate sana aadaan waan hin jaallanneef dafee jaarsolii biyyaattii fi abbaa gadaatti baqata. Karaa biraatiin gama seera ammayyaatiinuu dursanii harka kennachuu jechuudha. Haalli kun immoo fuula seeraa durratti adabbiini xiqqeessaaf jedhu warri seeraas, seera yakkaa hariiroo hawaasummaa bara 1996 bahetti /SHHKeew.82(1)jalatti akka mala biraatiin

/AlterateDisputResolution/ADT/ chaartii araara kanaan akka xumuraniif seerri ni deeggara.
Akka aadaa hawaasa Oromoo Gujii kanatti immoo nama gaabbeef hawaasni dafee garaa laafee araaramaaf jedhamee amanama. Jaarsoliin kun haaluma aadaa hawaasichaatiin osoo lubbuun dhibiin/biraa fi qabeenyi hin badiin dubbii jirtu nama danuu kan raawwaterraa fuudhu. Abbaan gadaa aangoo waaqarraa karaa namaa argate jedhamee amanama. Kunis kan mirkanaa'uun abbaa gadaa qumbii nyaachisuuniidha. Sababi qumbii nyaachisaniif akka soba/dhara hin dubbanneefiidha.
Namni erga qumbii nyaatee kakuu galee ni du'a malee, dhara/soba hin dubbatu.
Yeroo nyaachisan akkasjechuun kennuuf:
"Dhugaa Afaan si kaaye
Dhara afaanii si fuudhe
Daba hinqoriin
Qorii mooqaan hinqoriin
Buna bulluqaan hin qoriin
Haqa hiriyaan hin qoriin
Fira warraa hin qoriin
Dhugaa waaqaa fi lafaa qori
Yoo daba qorte Afaan dabi" gaaleewwan kanneen dhugaa Afaan sikaahe jechuun haraan/Har'aan jalqabdee ati nama biro taateetta,yoo kanaan dura sobdee Jiraattelleen haraan jalqabdee dhiisuu qabda,karaa jallaa lammata hin deemiin hin loogiin dhugaa qofa dubbadhu jechuun,qoriimooqaanhinqoriinnyaatakeekabaji,buna bulluqaan hinqoriin. Oromoon buna qalatee nyaata male bunaaf jedhee soba hin dubbatu. Haqa hiriyyaa kee ilaaltee hin jallisiin,fira firaan hinqoriin jechuun firri firaaf waan garaalaafuudhugaa mallisuu waan danda'uuf sirriitti hubadhu,dhugaa waaqaa fi lafaa qori jechuun dhugaan kan waaqaafi kan lafaatiin waaqaa fi lafa sodaadhu yoo ta'uu baatee
daba/jallaa qorte dabi jechuun kakuu galchanii waan tajaajila uummataaf dabarsanii kennamaniif amanamaa ta'uun hojii isaanii raawwatu.

1.3 Haala Adeemsa Hayyootni/abbootiin Gadaa Araaraa Buusan

Hayyoonnis garamaatii namni irraa miidhamee dhaquun,akkas jedhan
Abbaa gadaattuu nu ergeera,Ergeeraa
DalagaanwarraHirmaattotaajechadhumaawaamuudha.
AbbaaGadaa. Hirmaattota
Gujiittuu na ergeeraa……. ergeeraa
Namatudu'eeraa…….. Du'eeraa
Namattuu natti dheeteeraa….. Dheeteera
Jisaattu natti dheeteera…… Dheeteeraa
Jedhanii himu. Kana jechuun warri namni jalaa daname/miidhame sun waan baay'ee araniif callisu.Warri araara kadhaa deeman beekkatanii osoo gadi hin taa'in
Ofirra deebi'u.
Yeroo warri deebii kennan.
Namatu sitti na ergate,namatu nama kee yakkee,Yakkee
Jaarsa ergateera,na gujoomsi jedhee jira ,qabamiif jedhu akkas jechuun kadhatu yeroo lama deddeebi'uun dhaabatanii kadhatu,bakkiteessumaa hin kennamuuf ykn nii

dhaabbatu hanga isaan isiniif qabanne jedhanitti kun kan mul'isu ulfina lubbuu baheef ka maatii sanaati. Gaabbineerra nuti Gujiidha Gujiin wal hin ajjeesuu amma immoo danuun uumameera, yeroo kana immoo namni danuu uume kun Gujummaa keessaa baheera waan hamtuu Gujiin balaaleffatu waan hojjeteef amma immoo gaabbeeraa aadaa qabna akkuma seera bulmaata keenyaatti nuu qabami/nagujoomsi/ jechuun gujummaa nan hin dhooggiin,naa araarami jechuun kadhatu.Araara fageessuun ykn tursuun gaariimiti Maaliif yoo jenne namni gumaa walbaasuu danda'a,lubbuu dhibiin baduu dandeessi,karri manca'uu danda'a.
Maalree erga hayyuun biyyaa jedhee,"Tole abamneerra,Kana isinis aadaa biyyaatiin waan murteessitan murteessaa" jechuun deebii kennu.
Bakki itti gondooraan bosona keessa bakka hallayyaa fagoo ta'etti qabatu; sababni isaa hantuu bakka badaatti/gadheetti ofirraa fageessanii falatu waan jedhu of kessaa qaba jedhu.Dabalatanis,karaa namnii fi loon lammata irra hin bane kakuudha, lammata akkanutti hin deebine jedhuudha.Kanaafuu,bakki qabameera hayyoonni waan Barbaachisu hunda guuchiftee bakka gondoorratan sanatti boruu barraaqarraa kaasee hanga galgala galchuma looniitti gidduu jirutti sa'aatii muratanitti nama nama dane qabatanii, hoolaa qabatee harkisaa,inni fuula galee/duubaan deemaa. Maaliif lafa barii/boruu ganama/ irraa jalqabee ta'e kan jedhuuf yeroo danuu falatan
tokko ifa rabbi duratti raawwachuu akka qabu argisiisuuf jedhu,waan hoolaa qabataniifi immoo hoolaan bineesa keessaa fakkeenya nageenyaati waan ta'eef waaqilleen akka kanatti ilaala. Hoolaa dhufte qalanii dhiigaan namicha qabanii araaraa buusu. Kana booda warra walitti fidanii daadhii dammaa foon kormaa qalanii achumatti nyaatanii fixanii nagaan galu!

1.4 Haalli woliigala yeroo ammaa jiru maalfakkaata?

Halli yeroo amma jiru sirna duraan jiru irraa gama aadaatiin wanti adda isa godhu hin jiru. Keessattuu warri sirna aadaa Gadaatin bulu ykn sirna gadaa hordofu yakka kamiiyyuu yoo hojjatan kallattumaan gara abbootii Gadaatti dheetu, dheetas jiru. Yeroo ammaa kana keessas ammas yoo namni akka tasaa wal-ajjeeseef beekas wal-ajjeesee gara maanguddooti dheetee kallattiin karaa irra ka'amaaf. Garuu, akka woliigalatti aadaan kun naannoo keessa haa jiraatuu males sababoota adda addaatiin namootni gara maanguddootti dheeturra gara seeraatti dheetuu jalqaban.
Kun maaliif ta'e jettee yoo gaafatte sababa amantaa dhuunfaasaa ,naasuu, rifuu (Rifatee hidhaatti naafmala jedhee yoo of amansiise),ammas tarii ollaa inni keessa Jiraatu kana yoo warri namicha du'ee sun baay'inaan Jiraatee reebame ta'e battalumatti gara waajiraa dheetuu dande'a.
Duraan hoo yoo waajjrri hinjirre akkamiin ture kan jedhuuf; dirqama gara abbootii gadaa deemuun carraa filannoo hin qabneedha.
Keessattuu sababa amantaan babaldhachaa dhufeef sirni aadaa kun yeroo ammaa kana qal'atus abbaan yakka hojjate sun yoo waggaa 20 olis hidhamee gale hawaasa Kana woliin wolitti deebi'ee nagaan jiraachuu fi dirqama gondoorachuu qaba. Sanaan alatti yakkaa yakkeef adabbii fudhadheera jedhee hawaasa keessa deddeebi'uu akka fedhetti hin danda'u.
Garuu yoo gondoorate maatii warra keessaa namni du'e san woliin nyaachuuf dhuguulleen niidande'a.

1.5 Sirni kun yeroo ammaa Dargaggoota biratti Fudhatama qabamoo hinqabu?

Akka guutuu addunyaa fi biyyaatti abdii boruuf ,utubaa biyyaa kan ta'e dargaggeessi wa'ee sirna araara gondooroo kana hubannaa isaa qabamoo hin qabu kan Jedhuuf dargaggeessi keenna hubannaa sirriitti qaba.Yoo akka tasaa hamtuun akkasii uummamte akka gondoorratus sirriitti quba qaba. Gama kanaanis eessatti rakkoo qaba yoo jenne dargaggeessi keesumaayyuu warri amantaa garagaraa Dhageettaa gurraa male bu'anii aadaa kana gula/ Duuka hin hordofanu. Sababa Amantaa tokko tokkoon kan ka'e sirnichi dargaggeessa biratti hanga tokko laafus percentii caalu dargaggeessi keenna sirriitti beeka. Warri aadaa Gula sirriitti deemanu dhaaltota Boruu waan te'aneef Sirriitti beeku. Maanguddoonnis Gosa gondooroo kana baasuu ykn araaraa kana araarsu dandeettu keessaa nama dargaggeessa ofii biraa yeroo kamiiyyuu hin dhaban Maaliif jennaan nama boru isaan dhaalu waan ta'eef.

1.6 Furmaati sababa Amantaatiin qal'achuu sirna araara Gondooro kanaatiif maal?

Akka yaada kiyyaatti furmaatni isaa haloota amma jiru kana maanguddoonni keenna akkaataa dande'aame kamiiyyuu fayyadamanii ykn mala garagaraa fayyadamuun Uummata hubachiisuun Dhaloota kana dhalchisuu qaban. Keessattuu yeroo jilaa, labsii gadaatin hubannoo uumuun bifa amantaa namaa hin faallesineen hawaasa hubachiisuu qaban jedhee yaada. Itti dabaluun mootummaan aadaa hawaasa kana bifa seeraa qabeessan qindeessee gara barruuleetti jijjiiree gara sirna barnootaatti fiduu qaba.Yoo akkas godhan furmaata gaarii te'a jedheen yaada.

1.7 Sadarkaa biyyaatti sirni araaraa kun maalgodhamuu qaba?

Sirni araaraa kun sadarkaa biyyatti maan godhamuu qaba kan jedhuuf aadaa bareedaa akkanaa kana kan dhimmi lubbuu ittiin furamu kana mootummaan qorannoo kana caalaatti gaggeessee sabaa fi sablammoota biyyattii keessa jiraanuuf mala barsiisuuf beeksisuutiin hojii guddaa hojjachuu qaba. Keessattuu sirni araara gumaa lubbuu namaa sadarkaa yakkaa jiran keessaa isa cimaa waan ta'eef aadaan kun hawaasa keessa sirriitti beekkamti akka argatuuf kunuunsa godhuufii qaba. Irra caalaatti gama aadaa fi turizimii biyyattiitiin beekkamee barreeffama sirriitiin barreeffamee akka ol kaa'amu gochuun barbachisaadha. Hawaasi Itoophiyaa keessaa jirus sirnaa fi aadaa boonsaa akkanaa kana argee yoo beeke hojiirraa olchee baay'ee barbaachisaadha.

1.8 Sirna araara aadaa gondooroo kanarraa maalbaranna?

Sirnoonni aadaa oflaallee/daawitii(Mirror) seenaa kaleessaatiif qaroomni abbootii teenna duraanii kan ta'an,ta'uurra darbee gumaacha isaan dhaloota kanaaf gumaachaniidha. Akaakileen teenna iddoo seerri ammayyaa hin jirretti ulaagaalee kanniin guutatanii nagaa ofiifi naannoo ofitiifis dhaabbatanii hawaasi nagaan akka jiraatu gumaachaa turuu isaanii nii hubatama.

Dhaloonni keenna maalirraa barata?

Dhaloonni keenna qaroomina abbootii irraa dhaalle kanaan nagaa naannoo fi hawaasa naannoo isaa eega eegsisaa akka jiraatu sirna kanarraa barachuun nii danda'aama.

Dabalataanis namni beekaanis ta'u,akka tasaa yakka akka hin hojjanne of eeggannoo godhuu akka qabnu nu barsiisa. Maaniif jennaa lubbuu nama balleessuu lakkisii maqaa du'a jedhu dhahuuyyuu Oromoon Gujii hin fedhu ykn laguudha jedhee amana waan ta'eef yakkarraa akka fagaannu nu barsisaa.
Tarii akka tasaa yoo yakki uummames adoo/osoo qabeenyaaf lubbuun biraa hin badin gara abbootiiGadaatti dheennee hatattamaan jaarsa ergannee fala akka faluun danda'amu nu hubachiisa.

1.9 Waa'ee sirna araara kanaa Maaltuu sitti dhaga'aame?

Nama lubbuu namaa balleesse ykn ajjeesee bakka isaanii bu'anii akka ofii yakkanii marga jiidhaa qabatanii nuuf araaramaa jedhaa lubbuu ofii dabarsanii mana warra yakkamee dura yoommuu dhaabbatan baay'ee namatti dhaga'aama. Manguddooti teenna haala akkanaa hunda dande'anii dhaloota hedduu ba'aatanii asiin bahuun isaanii fi aadaa boonsaa kana nuuf gumaachuu isaanii namatti tola. Osoo aadaan kun hin jirree lubbuu fi qabeenyi hedduun barbada'ee dhalooti isaanii hundi haaloo kuusaanii duraan olla tokko ykn fira kan turan gara diinummaatti jijjiiramanii lubbuu walii kan balleessuuf turan, jaarsi biyyaa walakkaa seenee sirna kanaan kan araarsu yoo te'uu waan addaattuu namatti dhaga'aama. Kanamales warri namni jalaa du'e obsanii aadaa ofii ittiin bulaa turaniif jedhanii lubbuu nama isaan jalaa du'ee sana osoo ol hin qabin jaarsoliif qabamuu(isaanii dhaga'uun)waan nama ajaa'ibuudha. Mee ilaalaa! Lubbuun namaa qabeenyaaf
wanta hunda caalti haata'uutii uummata kanaaf bitaamuuun hunda caalaa gaariidha jedhanii amanan waan ta'eef. Namni du'e, du'ee darbeera amma garuu kan jirutti walitti hafa. Jechuun gaafa nam idu'ee, rakkatee, waraanni gaafa dhufee, oolaan/hongeen gaafa dhuftee namni lafarratti hafe kunwaliif dhaabbata waan ta'eef kanaaf jedhanii, bitaaf mirga ilaalanii Maanguddoo tanarra darbanii hin deeman.
Kun ammaa aadaa waliin jirenyaa hawaasaa kan duraan ture san duuti waan haaraa motii duruu jirti jedhanii Obsanii manguddoof karaa yoo bananuu aadaa bareedduu Akka taatee ani gama kiyyaan nan madaale.

MADDA ODEEFFANNOO

Abbootii gadaa fi jarsa biyyaa kan akka: Yuuba Samaroo(Bokkoo Abbaa Adoolaa). Doorii Areeroo boru, torbii Jiloo Danbala, jaarsa biyyaa Abarraa Gannaalee

Asafaa tarafaa (2005) eela seenaa ogummaa oromoo. Finfinnee :far east trading plc

Dirribaa demisee (2012). Ilaalcha oromoo: Aadaa, seenaa fi Amantaa Oromoo finfinnee : mana maxxansaa S.C.

Kallacha Oomiyaa (2016). Aadaa sirna walharka fuudhiinsa baalli Gadaa Oromoo Gujii 74ffaa mi'ee bokkootti. Lakk. 19. Finfinnee: berhana selam printing enterprise.

Jeong(2008) the beginning of confilict is unknown kan jedhuu fi kitaabilee hedduu fi jaarsolii garagaraa qoradhee kan dhiyeeseedha.